# 21. JARA DOOYA, GAMMOJII, BOFA SIBIILA DIIMA, LAFA KAKUU

***Henna 13-21, Qaabacha Seera 4:15 – 31; 6: 1ff; 7:1-16; 8:10-20; 9:4-6; 11:1ff; 34:1-5; Yoshua 1:1 – 7:9***

*Jara kudani laaman kha doyaa lafa Kanaaniti ergan:*

Eegi Waaqi gaara Sinaai iraati Muusa qajeelumsa kenneefi, gumiini lafa Kanaaniiti yaau jalqabde waan duri Waaqi Abrahamuufi Isaqofi Yakobollee kakhu suni galeef. Musani jara dooyaa kud'ani lamaan, gosa ch'ufa keesa fuud'e erge, akka worri guyya afurtama lafa suni deemani kara dandaani lafa suni mohataniin barbaadan.

Jari dooyaa sun deebinaani, worri chufti akka lafti suni lafa dureeti, ta quufa qabdu, ta aananiifi dammii akka galaana yaau wolii galani. Ammo jari kudan, oduu hamtun deebie, akka gochiti dira suni qubatu gosa jajajabduu ta Israeliin dabsachuu hindandeenne odeesani. Jara dooya yaae keessa jari lama, Yoshuaafi Kalebuuni, akka Waaqi akkuma gaafa lafa bahiisa lafa Misirii irraati worra qarqaaru worra qarqaare nyaapa worra dabsachiisu dhugeefatani. Ammo gumiini waan mormiiteefi seenu hindandeenne.

Waaqi Israeli irra dallane wolaala iti mure. Akka nami ganna didamaatin oli tokolleen lafa Kakuu suni hinseenne labse, ammalle akka Israeliini ganna afurtama lafa gammoojii keessa martu tolche, haga d'aLutui suni chufti dueeti.

*Ganna afurtama lafa Gammoojii kees/ Akka Israeliin dhugeefachu dad'abde:*

Duuba Israeliini lafa marte. Musan worra dura deeme, ammalle Waaqi sagaleefi (Manaa fi Simpirre gubbaa buuseefi) bisaanille worraa kenne. Guyya tokko gumiini Muusati boote, "Atin maafi lafa Misirii keessa nu baafta, akka nu lafa gammoojii keesati hobaanu? Nu layyu manna nyaachu dad'amne, qitaafi bisaani hinjirani!"

GOOFTAN indallane. Duuba bofa had'aa hamtu qabu gumiiti erge, nami bofi suni hiddu ch'ufti indue. Jennani Muusati d'ufani waan jed'aniini, "Gungumsuu teenani nu ya siifi Musaleeti wollaallee. Waaqa nuu kad'ad'u, akka inni bofa kana nurra fuud'u." Duuba Musani gumii Waaqa kad'ate.

Waaqi waan Musan jed'e, bofa sibiila diima irra mid'aassi, muukha old'eeraa iraati fannisi akka nami chufti argu. Nami bofi nyaatu ch'ufti yo bofa sibiila diima laale, imbaafama. Musani bofa sibiila diima kaani mid'aase mukha old'eeratu iraati fannisse. Nami bofi had'a qabu nyaatu ch'ufti, bofa sibiila kaani laale jiraate.

*Akka Lafa Kakhuu seenan:*

Eegee, eegi ganna afurtama lafa lafa gammojii kees jiraatani, Waaqi gumii Israelii fula dari Lafa Kakhuutini d'ufe. Musani eegi Lafa Kakhuu gaara irra ejje ilaan arge, indue. Waaqi Yoshua kaase akka inni gumi lafa suniiti geessu.

Musani gaafa hinduini, guddo gumi gorse qaabsise akka worri Waaqa d'ibii hinaaqefanne, yokhaan waaqota Kanaani, akka ammalle ufguddisani chubbuu ufi hindeene, akka jaalala Waaqaatifi Kakhu inni Abrahamuufi, Isaaqofi, Yakobo gale qaabatan. Inni worra inqaabsise akka yo worri waaqota dhibi kadatuu inni wolaala iti mure, yo worri ammo araara gale Waaqa barbaade isaa sarme, inni worraa nau.

Duuba, durdeemumma Yoshuaa jalaati gumiini Israelii Galaana Yordanii taakite, lafa goggodduu keessaa dabrani lafa kakhuu moohatani.

<u>**QAJEELUMSA BARNOOTA**</u>

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Jireenna kanke keesati maani wonti akka atini gungumtu si tolchu?

<u>**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**</u>

<u>**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**</u>

<u>**Waan WAAQA irra maan baranna?**</u>

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (Inni jabeena chufayu inqaba, inni waan chufayu harka qaba, inni gudda waan chufa moohatu)**
  - Akka worri lafa Kanaaniti deemu Waaqi duraanu yaadeefi. Inni akka lafa suni worra keennu kakhu galeefi.
  - Inni aangoo gara gammoojjiiti worra deebisu qaba. Isaan diduu hin dandeenne.
  - Inni Musa gaara Sinaii iraati qajeelumsa keneefi.
  - Inni sagaleefi bisaanille inkeneefi.
  - Inni jabeenna worra gungumu wolaala iti muruun qaba, bofa woraati erge. Nami tokolleen ka ulee Waaqa jala bau dandau hinjiru.
  - Inni jabeenna worra bofi had'a qabu nyaate fayyisuun qaba. Inni uumama irraati jabeenna qaba. Isaati bofaa uume, bofaalle iraati inni jabeenna qaba.
- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**
  - Gumii gungumtu suni Waaqi yaada worra imbeekhe.
  - Waaqi akka oduuni jari dooya yaae deebiuuni dhugeefacha worra chochoofte lalaattu imbeekhe.
  - Waaqi akka dabsacha gumii Israeliiti kenne nyaapa worra dabsatu imbeekhe.
  - Waaqi ak worri ato Lafa Kakhuu hinseenne lafa gammoojii keesa ganna afurtama maru imbeekhe.

- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Kha dhugaa, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati daba duisani gaafatu).**
- Waan worri gungumeefi Waaqi wolaala worraati mure. Inni Kalebuufi Yoshua male nama gudda lafa Kakhuu suni seennu ineeyyamne. Fula akkasi, worri lafa gammoojii kees marani haga d'alooti sunini ch'ufti hobaeeti.
- Waaqi yo ch'ufa ch'ubbuu inaadaaba. Inni worra gungume suni kara bofaan guddo nam idduun adaabe. Nami heddun indue. Waaqi ch'ubbu inadaaba.
- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
  - Ilma namaa lubbuu isaaniif akka ooluuf, Waaqi bofa tokko uume; nami isa ilaalu hundi ni fayya.
  - Waaqi nyaataa fi bishaan isaaniif kennee, gara bosonaatti isaan qajeelche.
  - Hojja isaan bosona keessa imalan, Waaqi saba biraa irraa isaan eeguudhaan isaan tiksaa ture.
  - Inni akka isaan fit'uuf hin fedhin, obsa qabaatee waliin jiraate.
  - Hojja saamtuu isaaniitiin rukutaman, isaan dhaga'e; kadhannaa isaanii ni dhagahe.
  - Waggaa afurtama booda gara Biyyaa Kakhuu deebisee isaan geesse.
- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu)**
  - Inni dhaLutua suni bosona keessatti du'u jedhe, akkasumas akkuma jedhe san ta'e.
  - Waaqi kakhuu lafa Abrahamuuniii, Isaaqii fi Yaaqoobitti kenne ni eeggachaa ture; saba Isiraa'el ni eeguudhaan kakhuu raawwataa ture. Akkasumas, karaa dubartii Masiihicha fiduuf kakhuu isaa ni guutaa ture.
  - Inni yoo bofa ilaaltan injiraatan jed'e, isaanis ilaaluudhaan ni jiraatan.
  - Ato Waaqi d'aloota suni d'aanichaan iti d'ufelee, isumaati akka kara gumii Israeliitini lafa ch'ufa eebisu kakhuu gale, inni kakhuu suni durumaati deeme guute.
  - Waaqi d'aloota iti aanu lafa kakhuu d'aalchisa jed'ee, duuba inguute.

**<u>Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?</u>**

- Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti? Yihuudonni hojja hedduWaaqi waan hedduu isaanif tolchebooda iyyuu komii kaasaa turan.

- Kakhuu Waaqii hin amanine; amantii hin qaban, garuu shakkii fi sodaa dhagahuu filatan.

- **Oduun tunini kara kamiin akka Waaqi ilme namaatifi feesisu kha nami dandae ufbaasu hindandeenne garsiifti?**
    - Nami adabbii Waaqi kenne irraa baqachuu hin danda'u. Isaan sareewwan (qaroo) irraa of baraaruuf humna hin qaban turan.

**<u>Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)</u>**

- **Akka ilmeen nama kara Waaqa challaani gara Waaqa dhuftu, oddun tunini maanin garsiifti? (Fed'i Waaqatiifi yaada isa gula?)**
    - Worri yo bofa laale ch'alla baafama argate, yo kara Waaqi kenne guldeeme ch'allaa.
    - Worri yo waan Waaqi kenne nyaate d'uge ch'alla jiraate.
- **Akka nami akka baafama argatu, daba irra deebie ammalle dhugeefachu male, oduun tunini maanin garsiisfti?**
    - Bofa laalun worra, ch'ubbu irra deebufi d'ugeefachaan kara Waaqi kenneeti deebiu garsiifti akka baafam argatan.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>:**

- Gumiin Israeli oduu badii nama kudhan irraa dhaga'an, garuu gabaasa amantii irratti hundaa'e kan Yoshua fi Kalebu irraa dhaga'ame hin fudhanne. Haala kami keessatti yaada uummata baay'ee hordofuun daandii amantii nu irraa dhoorkaa?
- Haala akkamii keessatti jireenya keenya irratti komii fi mufii kaasuu eegalla? Akkaataa seenaan kun itti nu gargaartu haala akkasii keessa keessa maanta'uu danda'a?
- Hojja Waaqi nu adabu, seenaan kun akkaataa deebii keenya maanakka ta'u nu barsiisa? Kara kamiini deebuu qabna?

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Haala akkami kees bauu jirta, kha atin fula Waaqati abdatu yoosu gungumsu seentu?** Haala kan keesati atin maan sodaata? Oduun tunini kara kamiini akka atin soda dabsatu si tolchiti? Sodaafi d'ugeefacha d'abiisa Waaqati himad'u.

- **Jireenna kanke keesati fula atin Waaqati abdachu dad'abuuti jirtu me irra herregi. Waaqati abdachuu d'abuun kanke kara kamiini d'ugeefacha d'abiisa garsiisa?**